# Garee Bakka Bu'oota Qeerroo Dhiha Oromiyaa Irraa Ibsa Kenname.
# Sadaasa 26,2013 Jimmaa

Biyya Oromiyaa keessaatti ajjeechaa garajabinaa Mootummaan Wayyaanee Ummataa Oromoo irratti rawwaacha jiru fi Ajjeechaa suukaneessaa godaantota fi baqatoota Oromoo fi ilman cunqurfamoo lammilee biyyaatti biyya ambaa jiran irratti rawwatama jiruuf itti gaafataman Wayyaanee ta'u Hoggansii qeerroo ibsa baase.
Sadaasa 26/2013 Gareen qindeessitoota Qeerroo Bilisummaa Oromoo biyyaa keessaa Yuunivarsiitiiwwaan:Jimmaa, Mattuu, Wallaaggaa, Wallaggaa Damee Gimbii, Amboo, Amboo Damee Walisoo, Finfinnee, fi Miizaan Teeppii, irraa Walitti dhufuun haala siyaasaa biyyattin walqabatee ajjeechaa Seeraan alaa Mootummaan Wayyaanee biyyaa keessatti yeroo irraa gara yerootti baratoota Oromoo , Ummaata Oromoo fi lammiilee cunqurfamoo irratti fudhacha jiruu fi Ajjeechaa Sukkaneessaa godantoota fi baqatoota Ilmaan Oromoo fi lammiilee cunqurfamoo biyyatti sabaa fi sablamoota biyyota ambaa garaagara jiran irratti rawwatamaa jiruu ilaalchisuun walitti dhufuun marii bal'a erga gaggeesani booda ibsa qabxii 8 qabu dabarsani jiru.

Ibsa Garee qindeessitoota Qeerroo Bilisummaa Oromoo irraa Kenname.
1. Mootummaan Wayyaanee bara baraan ilmaan Oromoo mooraa barnotaa
keessaatti fi halaa garaagaraa keessaatti utuu hin ajjeesin jiraate hin beektu; yeroo amma kanas baratootni Oromoo dhabbilee barnotaa olaanoo irra barachaa jiran ajjeefamaa, dorsifamaa, dararamaa fi biyyaa irra wareerfamuun arii'ama jiru; kanneen bara baraan wayyanee qofaan biyyaa irra arii'ataman kumaan lakka'amu kanneen jiruuf jireenyaan godaansaa seeraan alaaf affeeraman waliin kumota dhibootan kanneen lakka'amanis bulchinsii biyyaa ambaa wayyaanee lammaffaa itti ta'uun ajjeechaan suukaneessaa fi dararamni daangaa hin qabne irraa ga'aa jiraniif itti gafataman mootummaa EPRDF wayyaanee har'a biyya bulchan jira jettu ta'uu ni hubachiifna.
2. Lammiiwwaan keenya baqattoota fi godantota ta'uun biyyota
garaagaraa keessatti ajjechan suukaneessaa irraa ga'aa jiruu fi biyyaa Ethiopia keessatti keessaattuu baratootni Oromoo qabinsa mirga namummaa dhabuun lubbuun isaani akka malee balleeffama jiru fi gochaan suukkaneessaa isan irraa qaqqabaa jiruuf gaddaa guddaa nutti dhaga'ame ibsina. gochaa diinummaa kanas nii balaaleffanna.
3. Ummaanni Oromoo fi ilmaan cunqurfamoo lammiileen biyyaatti gocha suukkanessaa fi ajjechaa gara jabinaan nurraatti gaggeeffama jiruu dhaabsisuuf, falli jiruu mootummaa wayyaanee abba irree mirga keenya sarbee, sarbisiisaa jiru irratti qabsa'uun angoo irraa darbuuf bakka jirruu wal gurmeesinee FDG haa gaggeessinu, sagalee keenyaa addunyaa haa dhageesifnu jechuun wamicha keenya dabarsina.
4. Lammiilee keenya ilmaan Oromoo fi ilmaan cunqurfamoo biyyaatti
addaatti godantota fi baqatoota ta'uun wayyaanee fi haalli jiruuf
jireenya biyyaa baasee biyyota akka Sudaan,Somalia, Punt Land, Somali Land,Djibutii,Kenya, Sudaan Kibbaa,Yemen,Sawudi Arabia,Dubai, Bahrian, Libanon, Qutar,Masr, Libiyaa fi Afrikaa Kibbaatti faatti godaansaa fi baqatummaan rakkacha jiran kumaatama dhibbotaan lakka'amu, hallii ilmaan Oromoo fi lammiileen cunqurfamo biyyota kanneen keessaatti argaman keessaa jiran daran yaaddeessa fi haala suukkaneessaa ta'een ajjeechaan suukkaneessa ta'ee irratti raawwatamaa waan

jiruuf dhabbileen mirga namummaa addunyaa, dhaabbiileen gargarsaa garaagaraa
addunyaa, dhabbanni fannoo diimaa addunyaa, fi Dhabbileen baqatoota addunyaa dirmannaa cimaa akka godhuuf cimsine gaafanna.

5. Motummaan biyya tokko bulchu uummataa irra dhalatee bulchaa jiru dhukaasee hin ajjeesu, hidhee hin dararu, barnota irraa hin arii'atu, mooraa barnotaa keessaatti dhukaasee hin ajjesuu, biyyaa irra arii'ee warabeessaa biyya ambaaf hin afeeru, Egaa kunoo waggoota digdamotaa oliif mootummaan Ethiopia (EPRDF)
wayyaaneen erga angotti afaan qawween olbahee, feedhii fi jaalala
uummataa malee biyya afaan qawween bulchaa waan jiruuf; Mootummaan Wayyaanee kun aantummaa uummataa fi jaalala uummataa bulchan jira jedhuu hin qabu, aangoos afaan qawween qabatee as ga'e; kanaafuu mirga uummata keenyaa fi lammiilee biyyaatti kabachiisuuf qabsoo waloo FDG wal irraa hin citne itti fufinsaan gaggeessuun abbaa irree qawweetti malee sagaalee uummatatti amanuu didee kana of irra qaariisuuf wal cina dhabbanne ni qabsofna.

6. mootummaan biyya tokko bulchaa jiruu abbaa irree fi fallaa
dimookiraasii kan dhabbatu yoo ta'ee lammileen biyyaatti godaansaa fi baqatummaa seeraan alaaf affeeramu. keessaattu olaantummaa uummataatti fi mirga uummataa mootummaan hin kabajne, uummata bulchaa jiru sana: du'aaf, beelaaf, hidhaaf, hojii dhabdummaaf baqatummaaf, fi godaansaaf affeera, dhugaan kun mootummaa Wayyaanee EPRDF har'a biyya bulcha jirra jettuun qabataman rawwaacha kan jirudha. (sa'a abbaab gaanfa cabsee ormii ija jaamsa") mammaksii Oromoo jedhus kanumafi. Hallii har'a baqatootaa fi godaantota ilmaan Oromoo fi lammiilee biyyaatti
ilmaan cunqurfamoo biyyoota garaagaraa keessaa jiran irratti
raawwachaa jirus maddii isa Wayyaanee abbaa irree humna afaan
qawweetti hirkatee mirga ummataa sarbaa jiruu ta'uu Qeerroon irra
deddebiin hubachisa.

7. Nuti Warraqsii dargaggotaa biyyoolessaa Oromiyaa fi dimookiraasii (Qeerroon) gochaa diinummaa mootummaa abbaa irree wayyaneen uummata keenya irratti rawwatamaa jiru yeroo balaleeffaannu; mootummaa abbaa irree wayyaanee afaan qawwee qofatti amanuu dhabamsiisuuf qabsoo FDG bifa garaagaraan kan jabeesinee itti fufnu ta'uu ni hubachiifna;
Addaatti uummataa Oromoo waanjoo garbummaa jalaa baasuuf qabsoon wal irraa hin citne jabaatee itti fufa; Dimookiraasii dhugaa kan mirga lammii hundaa kabachiisuu gadi dhaabuuf yoom iyyuu duubatti kan hin deebinee ta'uu ni hunachiifna; kanuma hubachuun sabotni cunqurfamoon rakkoo fakkataa Oromoo qabdan wal cina dhaabbanne abbaa irree wayyaanee of irraa darbuuf bifa garaagaraan qabsoon warraqsaa egalamee diddaa garbumma akka simattan dhaamsa dabarsina.

8. Mootummaan Wayyaanee maqaa baqaatoota fi godaantota ofiidhuma isa biyyaa irra arii'ee ajjesisee, mirga lammiilee sarbisiisa ture, har'a gochaan suukaneessaan baqaatotaa fi godantota irraa ga'a jiruu addunyaaf waan saaxilameef wawwachuu irra darbee maqaa godaantota lubbuun hafan kana biyyaatti deebisuu jedhuun mallaqaa humna olii walitti qabaa jira, dhaabbilee garaagaraa irraa deeggarsa mallaqaa walitti qaba jiruu tajajila ololaa siyaasaa isaaf akka hin olchinee dhaabbileen maqaa kanaan gargarsaa gochaa jiran gumachii fi dirmannaan isan uummataa miidhameef godhan kallaattiin qaqqabuu akka duukaa bu'an ni gaafanna. gama biraan deeggarsii godhamuu kun karaa wayyaanee ni qaqqaba jennee amanta kan hin qabne ta'uu keenya uummataaf ibsina.

9. Mootummaan Wayyaanee maqaa Ayyaana sabaa fi sablamotaan kabaja
mirga sabaaf sablamotaa kabachiiseen jira jechuun olola afaa fajjii bara baraan ofaa jiru dhaabuu qaba. dhugaan jiruu wayyaaneen mirga sabaa fi sablamoota sarbee, lammii biyyatti godaansaa,

baqatummaa, hidhaa, daraaraa, ajjeechaa suukaneessaa seeraan alaaf saaxile jirachu biyya lafatu ragadha. kanaafuu lammiileen biyyaatti guyyaa ayyaanaa sabaaf sablamotaa wayyaneen afarsaa jiruu kana olola afaan faajjii ta'uu hubattanii, guyyaa kana gochaa ajjeechaa seeraan alaa uummata keenyaa biyyota ambaa garaagaraa keessaatti fi biyya keessaatti wayyaaneen du'aaf affeereef, yaadannoo haa goonu; dhugaatti mirga saboota cunqurfamoo kabachiisuuf olola wayyaanee dura haa dhaabbanu, lammiileen biyyaattis waamicha wayyanee kana irratti akka hin
argamnee;, hojii dhaabuun, nyaataa lagachuuni fi balbala keessaan
cufaachuun diddaa sirna wayyaaneef qabnu akka ifatti muldhifannu
jechuun qeerroon waamicha lammummaa dabarsuun mariin qeerroo kun haala midhagaa fi milkii qabuun xummurame. hoggansii qeerroon kun akeeka egeree siyaasaa Oromoo fi qabsoo Oromoof illee kan walitti deebi'ee marii'atu ta'uun qabxii lafa kewwaachuun nagaan gargar bahee bakka irra dhufetti deebi'uu danda'era.
Injifannoon U/Oromoof!.
Gadaan Gadaa Bilisummaati.
Garee qindeessitoota sochii  Qeerroo Dhihaa Oromiyaa.
Sadaasa 26/2013.